# Waldhaansonni Farra Qaama Alagaa Monoclonal maali?

Yoo isin bal'aa COVID-19 hammaataa irra kan jirtanii fi COVID-19 dhan qabamuun keessan qorannoodhan kan beekame ykn nama qabame tokko wajjiin tuttuqqii dhiyoo kan taasistan yoo taatan, waldhaansa farra qaama alagaa monoclonal (mAb) ilaalcha keessa galchuu barbaaduu dandeessu. Umurii, seeenaa fayyaa keessanii fi mallattoolee yeroo hammamiif akka qabaattan irratti hundaa'uun COVID-19 irraa fayyuuf waldhaansa mAb tif ulaagaa guutuu maltu.

Waldhaansi mAb vaayirasii COVID-19 fidu qaama keessan keessatti gara seeliwwani akka hin seennee dhorkuu fi baay'ina vaayirasii qaamaa keessan keessa jiru daangessuu danda'a. Kana jechuun mallattoolee caalatti salphaa ta'an qabaachuu fi carraa mana yaalaa keessa turuu hir'isuu dandeessu.

Waldhaansi mAb namoota armaan gadii gargaaru danda'a:

- Balaa ol'aanaa mallattoolee caalatti hammaataa ta'an qabaachuu irratti argamanii **fi**
- Guyyoota 7 ykn isaa gadiitif bu'aa qorannoo COVID-19 akka qabaman mallattolee wajjiin agarsiisu qaban **ykn**
- Nama yeroo dhiyoo akka qabame qorannoon beekame tokko wajjiin tuttuqqii dhiyoo taasisan

## FARRI QAAMA ALAGAA MONOCLONAL MAALI?

Qaamni keessan uummamaan dhibeedhan loluuf farreen qaama alagaa ni uuma. Haa ta'u malee, qaamni keessan farreen qaama alagaa vaayirasii novel (ykn haaraa) kan akka SARS-CoV-2, vaayirasii COVID-19 fidu akka baasuf uummaman qabaachuu dhiisuu mala. Farreen qaama alagaa monoclonal ykn mAb'oonni dhibee tokkoon (Ammaaf SARS-CoV-2) akka lolaniif laaboraatorii keessatti uummamu, akkasumas kallattiidhan gara qaamaa keessanii akka seenuu taasifama. Yoo isin balaa ol'aanaa mallattoolee hammaataa qabaachuu ykn mana yaalaa turuu kan qabdan ta'e isin waldhaansi mAB isin gargaaruu danda'a.

Waldhaansi mAB COVID-19 dhaf oolu talaallii COVID-19 irraa garaagarummaa qaba. Talaallichi deebii sirna madinummaa uummamaa qaamaa ni kakaasa, garuu vaayirasii irratti farreen qaama alaagaa gahaa uumuf torbanoota fudhachuu danda'a. Kanaafuu, vaayirasii yoo qabaattan, waldhaansi mAb qaamni keessan akka of eegu farreen qaama alaagaa kennaaf. Waldhaansi mAb barbaachisummaa dandeetti dhibee ittisuu talaallii irraa argamu bakka hin bu'u, garuu yoo isin balaa COVID-19 hammaataa qabaachuu irra jiraattan isin gargaaruu ni danda'a.

## WALDHAANSI FARRA QAAMA ALAGAA MONOCLONALNA DHUKKUBSUU NI DANDA'AA?

Waldhaansonni farra qaama alaagaa vaayirasii si'ataa kamiyyuu of keessaa hin qabu, kanaafuu waldhaansa mAb irraa balaa COVID-19 dhan qabamuu hoomtu hin jiru. Haa ta'u malee, waldhaansi farra qaama alagaa miidhawwan isaan wal qabatee dhufu qabaachuu mala.  Maaloo waa'ee miidhaawwan isa wajjiin wal qabatanii dhufuu danda'anii fi yoo isaan isin qunnaman maal gochuu akka qabdan ogeessa fayyaa keessan wajjiin haasa'aa.

- ## *YOO ANI WALDHAANSA FARRA QAAMA ALAGAA MONOCLONIAL TIF ULAAGAA GUUTUU BAADHE MAALTU TA'A?*

Ogeessi fayyaa keessan isin waldhaansa mAb tif ulaagaa kan hin guunne ta'uu keessan murteessu danda'a. Kanaaf sababoonni baay'een jiraachuu danda'u. Isin ulaagaa hunda guutuu dhiisuu maltu ykn rakkoo fayyaa waldhaansa mAb dhaf ulaagaa akka hin guunne isin taasisuu qabaachuu maltu. Filannoowwan waldhaansa birootif ogeessa fayyaa keessan gaafadhaa.

- ## *FARREEN QAAMA ALAGAA MONOCLONALAKKAMITTAN ARGACHUU DANDA'A?*

Sadarkaa 1: Bu'aa qorannoo COVID-19 tin akka qabamtan agarsiisuu fi guyyoota 7 ykn isaa gadiitif mallattoolee qabaadhaa.

Sadarkaa 2: Ogeessa fayya keessan irraa rifeerala argadhaa.

Sadarkaa 3: Wiirtuu qorichoota lilmoon kennamanii kan argamu argadhaa.

mAb fudhachuuf ogeessa fayyaa keessaniin waldhaansaf rifeeralli isinii barreeffamee gara iddoowwan qorichoota lilmoon kennamanii argamaniitti ergamuu qabdu. **Yoo isin ogeessa fayyaa kan hin qabne taatan,** waa'ee mallattoolee fi waldhaansa keessanii eenyutti akka haasoftan baruuf Combat COVID Monoclonal Antibodies Call Center (Wiirtuu Bilbilaa Farreen Qaama Alaagaa Monoclonal COVID Qolachuu) tif 1-877-332-6585 irratti bilbilaa

Washington State Department of Health

DOH 825-031 March 2022 Oromo

Galmee kana bifa biraan gaafachuudhaf, 1-800-525-0127 irratti bilbilaa. Maammiltootni dhaga'uu irratti rakkoo qabdan yookiin dhaga'u hin dandeenye, maaloo 711 (Washington Relay) irratti bilbilaa yookiin [mailto:ecivil.rights@doh.wa.gov](mailto:civil.rights@doh.wa.gov) irratti Imeelii ergaa.